Bundesamt
für Migration
und Flüchtlinge

# Waraqaa Odeeffannoo ragaa dhimma dhunfaa, akka Keewwata 13, 14 eegumsa danbii odeeffannoo yookin ragaa dhimma dhunfaa (DSGVO) hirmaatota koorsii wal fudhachuu

Koorsiin walitti makamuu kan walitti qindeese Waajjira Federaalaa waajjira Godansa fi koolu-galtuuti, kunis mana lenjji koorsii dhunfaa fi ummataatin qopheefame, keeyyata 43 kutaa (3) hima 2 Keewwata jiraachuu).

Dhimma kanas galmaan ga`uf, waa`ee kee kan hordofu odeeffannoo adda addaa walitti qabee kan hordofu waajjiroota arman gadiiti:

- Waajjirri Federaalaa dhimmoota adda addaatiif akka oluf waa´ee kee illalchisee odeeffannoo adda addaa ni sassaabaa, dhimmoonni kunis akkuma assiin gaditi:
  - Seensa koorsii walitti makamuu (keeyyata 5 kutaa (1) Seera koorsii walitti makamuu) fi irra deebii kan tahe olaanaan koorsii afaanichaa 300 barachuu (keeyyata 5 kutaa (5) Seera koorsii walitti makamuu)
  - Kaffaltii koorsii walitti makamuu kanaaf kan kaffalamu irraa bilisa ta'uf (keeyyata 9 kutaa (2 Seera koorsii walitti makamuu)
  - Kaffaltii geejjibaaf kaffalamuf degersa argaachuuf (keeyyata 4a kutaa (1) Seera koorsii walitti makamuu)
  - Kaffaltii koorsii walitti makamuu kanaf kan kaffalamu irraa harkka 50% deebisisuuf (keeyyata 9 kutaa (6) Seera koorsii walitti makamuu)
- Yoo waajjira dhimma lammiilee biyya alaatif, waajjira qopheessaa huundee-jireenyaa namoota hojii baarbaadanif, waajjira qopheessaa huundee-jireenyaa Waajjira Federaalaa namoonni Godansa fi koolu-galtuun mirga yookin dirqama koorsii walitti makamuu irratti akka hirmaattan isin gargaaru irraa tajaajila kan argattan ta'a: waajjironni kun odeeffannoo dhunfaa kan ta'an odeeffannoo adda addaa waajjira giddugalesaatiif ni dabarsu, walitti makamuu kana irratti akka hirmaattu kan mirkaneessuu fi odeeffannoo dhimma dhunfaa ilaalchisee waajjira qorannoo fi Galmetti ni dabarsu. Odeeffannoon dhimma dhunfaa kan ilaalu hundi haala gaariidhan gara waajjira motummati darbaa. Kun hundaa ol qubannoo Godansaa fi koolu-galtuutif koorsii walitti makamuu hojii irra olchu galmaan ga'udhaf bay'ee barbaachisa yoo ta'ee dha (keeyyata 88a kutaa (1) hima 1 Keewwata jiraachuu).

KNr. 630.154b Oromo BAMF 04/2024

- Yoo waajjira Federaalaa akka labsii keeyyata 7 kutaa (3) yookin (5) Seera koorsii walitti makamuu irratti ibsamen kaayoon isaa adda kan ta`ef sa`aa muraasaf akka koorsii argachuu dandeessuuf mana koorsii tokkotti si ramaduu, mootummanis dhimma kee ilaalchisee koorsii kanaaf odeeffannoo dabarsaaf kunis koorsii akka baratuu dandeessu ragaa qubsa kennaaf.

- Manni koorsii kana itti fuudhattu kunis ragaa yookin odeeffannoo dhimma kee illalchisee fakeenyaf koorsii walitti makamuu kanatti galma'uu kee fi hirmaannaa gochuu kee: keesatuu kan hordofaa jiirtu kun barnoota sirrii ta`e isa kaayoo koorsii walitti makamuu hojirra olchee galman gaudhaf bayee barbaachisaa ta'uu fi dhummarattis koorsii kee erga xumurtee booda qormaata sif keennamu darbuu kee yookin kufuu kee kan ibsu odeeffannoo waajjira mootummatti dhimm isaa laluf ni dabara (keeyyata 88a kutaa (1) hima 1 Keewwata jiraachuu).

- Akka kutaa 4 a (2) Seera barnootaa walitti makamuu keessa kaayameeti filannoo kunuunsa daa'imaa fayyadamu yoo barbaade, tajaajilli kununsa daa'imaa maqaa dhummaa, maqaa duraa fii bara dhaloota daa'imticha tajaajilatti fayyadamu ni galmeessa. Dhiheessan koorsicha kaayoo mirkaneessu fi kaffaltiif odeeffannoo kana Waajjira Federaalaa (BAMF) dhaaf ni kenna.

- Yoo koorsii walitti makamuu kana fuudhachuuf kan dirqamtuu yoo ta'e qindeessaan koorsii kanaa ati koorsii Walitti Makamuu kana akka seerii gaafatuu hordofuu yoo dhaabdee qaama dirqama si'i irra kayef ni gabaasa (keeyyata 88a kutaa (1) hima 2 Keewwata jiraachuu).

- Gaaffi irratti hundaa‘ee, Waajjira Federaalaa odeeffannoo dhunfaa keetii dhabbatoota dhimi kee isaan illaluf kan akka Waajjira Dhimma Lammiilee Biyya alaatif, waajjira qopheessaa huundee-jireenyaa namoota hojii baarbadanif, waajjira qopheessa huundee-jireenyaa namoota gaaffii godaantummaa gafataniif ni dabarsa; kunis koorsii walitti makamuu kanatti galmaa'uf, hayyamuuf, ajaja dabarsuuf, akkasumas koorsii kana irratti hirmaachu keetif dhisuu keef, seeran hordofuu keetifi dhisuu keef too`annaa gochuuf, akkasumas hayyama warqaa jireeynaa akka sif dheeratu hordofuuf odeeffannoo dhunfaa dabarsani keenun barbachisaa hanga tae'eti (keeyyata 88a kutaa (1) hima 3 Keewwata jiraachuu).

Waajjira Federaalaa odeeffanoo dhunfaa sirraa guuraatee kanas ta`e burqaa biirara kan argate hunda eynumaa kee eguun dirqama isaati.

Odeeffannoon Quunnamtii Wajjirii Federaalaa kunisii:

Bundesamt für Migration und Flüchtlinge

Frankenstraße 210

90461 Nürnberg

Odeeffannon qunnamtii Qondaala Ittisa Odeeffannoo Waajjirri Federaalaa:

Bundesamt für Migration und Flüchtlinge

- Behördlicher Datenschutzbeauftragter-

Frankenstraße 210

90461 Nürnberg

Maqaa kee kan sirrii, Maqaa abbaati fi guyyaa dhalotaa waggaa kudhan oso hindarbin haqama: odeeffannoo dhunfaa kee kan biroo, walitti makamuu kee erga xuumurtee boda waggaa shan oso hindarbin haqama (keeyyata 8 kutaa (6) akka Seera koorsii walitti makamuu).

Yoo Adeemsa hojjii waa`ee odeeffannoo yookin ragaa dhimmi dhunfaa keetii irratti kan fedhii hin qabane yoo ta´e, Waajjira Federaalaa gaafattee akka odeeffannoon kee hin fudhatamne gafachuu mirgaa qabdaa. Kuunis adeemsa hojjii waa`ee odeeffannoo kee kennuun kan danda‘amu yoo ati fedhii kee kabajuun barbaachisaa ta’uu yoo mirkaneesite qofa. Dabalattanis, odeeffannoo dhimma dhunfaa argachu fi qulqullummaa isaa mirkaneessuf mirga qabda. Yoo hayyama kee alla kan fuudhatamee yoo ta‘e akka haaqamuu godhuu mirgaa qabda.

Rakkon waa`ee adeemsa odeeffannoo dhimma dhunfaa keetii yoo uumame abba angoo odeeffannoo dhimma dhunfatti ittistuu itti iyyachuu ni dandeessaa:

Bundesbeauftragte für den Datenschutz und die Informationsfreiheit

Graurheindorfer Straße 153

53117 Bonn